Duguuggaa sanyii aggachuuf waamicha tokkummaa biyyoolessaa

Fuulbana 10, 2017

Nuti hoggantootni dhaabotii siyaasaa Oromoo bilisaa asii gaditti mallattoon keenya mul'atu duguuggaa sanyii mootummaan Wayyaanee nannoo Bushooftuu, Harargee, Walloo, Baalee, Boorana, Gujii, fi akkasumas Oromiyaa bakka birootti raawwachaa jirtuun haalaan yaaddoo keessa seennee jirra.

Kanneen balaa duguuggaa sanyii kana keessatti maatii isaanii dhabaniif jajjabina hawwina. Kanneen soda tokko malee jagnummaan yeroo hamaa fi haala hamaa kana keessa Oromiyaa guutuu keessatti mootummaa bineensa kana dura dhaabbatan qeerroo, mangudoolee fi miseensota dhaabaa ulfinaa fi jaalala isiniif qabnu ifaan mul'isuu feena. Mootummaan kun aangoo irra turuuf duguuggaa sanyii inni raawwachaa jiru ifirraa qolachuuf, badiinsa Oromiyaa baraaruuf maal gochuun akka nurra jiru namoota haqa uummatni Oromoo akka ilmoo namaattii qaban deggeraniif gaaffii isa olaanaa tahee jira.

Yeroo yerrootti haala hamaa sabummaa keenya ball'eessaa jiru kana ifirraa ittisuudhaaf waamichi tahu bu'aa malee hafuun, mootummaan Wayyaanee hulluuqxe seentota dhaabaa fi hawaasa keenya keessa tamsaasuun waan yeroon hin gaafatin irratti falamaa yeroo dheeraa fudhaturratti humni keenya qisaasamuun akka uummata keenya cinaa dhaabbannee falammaa hin godhin hafuun nu-yaaddessee jira. Hawaasni Oromoo biyya alaa jiran dhiheenya kana walitti dhufanii mare haala ittiin uummata keenya baraaran marihachuun waan nama jajjabeessu. Haata'u malee, yeroo hatattamaa kana, yeroo akka sabaatti jiraachuu fi jiraachuu dhabuun gaaffii keessa gale, waltahiinsi xiyyoon isaa waan tokko tahe walgahii biyyoolessaa (Oromo National Convention) kan Oromoo gola hundaa waliin dhaabuu dandahu, argamuutu irra jira.

Akkasumas, walitti dhufeenyi dhaabolee siyaasaa Oromoo yaalamaa ture, jiras, haata'u malee, dhugaan jiru, haalli amma keessa jirru hagam hamaa fi muddamsiisaa tahuu hubachuu fi if dura balaa as-deemu tilmaamuu dadhabuun ni mul'ata. Haala diinaa yeroo ammaa daran hammaachaa dhufe hubannoo keessa galchuudhaan walitti dhufeenyi kun akka bu'a qabeessa tahu ni abdanna.

Kun osoo kanaan jiruu, duguuggaan sanyii mootummaa Wayyaaneetiin uummata Oromoo irratti raawwatamaa jiru yeroo ammaatti haalaan hammaachuu hubachuudhaan, toftaa haarawa, yeroo kami irrayyuu kan hamaa tahe Oromoota addaan diiganii wal-lolchiisuuf bu'urri guyyaa tii

guyyaati raabsamu jiraachuun waan ifa tahee argamu tahuu hubachuudhaan, kun ammo, hubannoo fi mare waliigalaa akka barbaadu waan hubanneef waamicha kana gochuu murteesine.

Oromoonni hundi duguuggaa sanyii nurra gahaa jiruu fi garam akka deemaa jirru yeroo tokko tasggabaa'ee akka if gaafatan gaafanna. Yeroo ammaa, miseensonnii fi hawaasni Oromoo keessaa fi alaa walitti dhufuun waltahiinsa biyyoolessaa kan yeroo muddamaa tokko uumanii dirmmachuun badiinsarraa nu-oolchuu dandaha jennee amanna.

Oromiyaa walaboomte arguuf tarkaanfii fudhatamu keessatti kanneen kaayyoo kana bikkaan gahuuf wareegamanii fi kanneen if kennan yaadanna. Nuti qabeenyaa, dandeettii fi huma qabnu walitti fiduuf wareegama feesisu raawwachuuf waadaa seenna, hawwasni keenya akkasuma, qabeenya isaanii, dandeettii, yeroo fi humna isaaniin akka nu-waliin dhaabbatan waamicha goona.

Tokkummaan humna!

Galaasaa Dilboo	**Bakka ABO**
Gumabaas Abbaa Haqaa	**Bakka AWDO**
Jen. Kamaal Galchuu	**Bakka KWO**
Aliyyi Umar Agaa	**Bakka ATBUO**
Abbaa Nagaa Jaarraa	**Bakka ABO -'Tokkomee'**